

# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT



جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 07-04-2014

تاریخ

Date: \_\_\_\_\_

Lakk.:03/stm-abo/2014

No.: \_\_\_\_\_

رقم

**Baqataa Seerawaa Miidhuun Tarkaanfii Namoomaan Alaa fi Seera Addunyaa jiru Dhiitu dha.**

## **Haala Baqattoota Oromoo Biyya Keeniyaa Laalchisee Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo**

Lammileen biyyoota gara garaa sababoota adda addaan biyya isaanii keessa jiraachuu dadhabu irra abdii of jireessuun biyyoota ollaatti baqatan. Sababni ittiin baqatan gariin kan yeroo gabaabaa keessatti furmaata argatu tahuu danda'a. Rakkinni yeroo gabaabaa keessatti hin furamne yeroo dheeraa fi jijiirmaa hundee barbaadus jira. Sababa umamaan rakkoleen dhalatan kan akka hongee, lolaa, kirkira lafaa fi kkf akkasumas, rakkolee namootni dhalchan kan akka lola biyya keessaa, rakkina dinagdee fi rakkoon siyaasaa sababoota madda baqatummaa ti. Sababoota lammii biyya tokkoo biyya ollaatti baqachiisan keessaa garii wayta furamanitti kanneen qe'ee fi biyya isaanii irraa buqqa'an jirenya isaaniitti deebi'uu irraa rakkoon hin qaban. Kan biyyatti deebi'uu hin dandeenye kanneen mootummaa fi sirna jiru waliin wal dhabbi qabani dha. Ilmaan Oromoo baqa kana biyyii weeraraan qababuun booda Jaarrea tokkoon dura lubbuu baafatuu fi kabajaa namooma isaanii tikfatuuf jalqaban,

Yeoo ammaa kana biyyootni Gaanfi Afriikaa baqataa hedduu keessummeessaa jiran. Baqattoota biyyoota hedduu biyyoota Gaanfa Afriikaa gara garaa-tti baqatuudhaan baqatummaan jiraataa jiran keessaa tokko lammii Oromoo ti. Oromoo biyya isaa jiituu fi badhaatuu hojjatee keessa jiraachuu danda'u irraa kan isa baqachiisaa turee fi jiru rakkinni uumaa isa mudate jiraatee ykn jirenya isaa wayyeffatuuf biyya isa irra kan biraa caalsifatee miti.

Baqataan Oromoo hedduun dirqamu fi lubbuu isaaf sodaattu irraa jirenya baqatummaa kan eegale gabrummaa jalatti kufuu irraa eegalee ti jechuun ni danda'ama. Akka kanaan baroota dheeraan durattii eegalee biyyoota ollaa isaatti argaman hunda keessa baqatummaan jiraatee lubbuu isaa dandamachiisuu danda'eera. Kanneen yeroo dheeraaf Oromoo akka baqataatti fudhatuun keessummeessaniif ABOn galata galchaaf.

Haa tahu malee waggoota digdamaa as haallan mul'atan kan duraan ture irra adda tahaajiran. Keessattuu biyyootni ollaa sababa adda addaan mootummaa Wayyaaneetti michoomanii fi mararfatan baqataa baqatummaan isaa qaama seerawaan mirkanoeffamee jiru irratti deddeebi'anii miidhaa addaa irraan gahuu baay'inaan mul'ata. Tarkaanfii seera addunyaa cabsu kana baqattoota irratti kan raawwataa jiru qaama tikaa fi waraanaa mootummoottaa tahuun ammo baqattoota kan yaaddessuu fi dhaphisu akka tahe hin gaafachiisu. Dalagaan seeraan alaa baqattoota irratti raawwatamaa tures irra deddeebi'ee kan ibsamaa fi jarmayaalee mirga namaaf falamaniin kan saaxilamaa ture tahuun hin dagatamu.

Keenyaan biyyoota gaanfa Afriikaa baqattootni kuma dhibboota baay'een lakkaaman keessa jiraatani dha. Lakkobsi baqataa Oromoo Jaarmaya dhimma baqataa Mootummoottaa Gamtoomaniin (UNHCR) galmaa'ee kan seeraan jiraataa jiru lakkobsan guddaa akka tahetti beekama. Haa tahu malee yeroo gara garaatti baqataa waliigalaa fi addatti Oromoo seeraan jiru, biyyatti deebi'uu kan hin dandeenye tahuun isaa beekamu irratti roorifamuun, mootummaa baqatee dhufetti ukkaamsuun kennuu, saamuu fi miidhaan gara garaa deddeebi'amme haala sukanneessaa taheen irratti raawwatamaa jira. Haalli gaddisiisa kun dhaabbatuu irra itti fufee Ebla 5, 2014 humni waraanaa mootummaa Keenyaan manneen

baqataa Oromoo humnaan seenuudhaan qabeenya saamuu, baqataa reebuu, jumlaan hidhuu fi balleessuudhaan miiddhaa irraan gahaa jira. UNHCR kan baqattootaaf gaafatama qabu kana ittisuuf carraaqii mul'ataa godhu hin jiru.

ABOn gochaa waraanni mootummaa Keenya baqattoota sirnaa irratti garaa laafina tokko malee fi deddeebi'ee raawwatu kana daddaffiin akka dhaabu, qabeenya saamame akka deebisu, kanneen hidhaman akka hiikuu fi mootummaan Keenyaas rakkinoota baqataa waliigalaa, addatti haala baqataa Oromoo hubatuun tikaan fi eegumsa barbaachisu akka kennuuf gaafata. Jaarmayaan baqattootaa Mootummoota Gamtoomaniis miidhaa baqataa Oromoo irra geessifamaa jiru beekee tinnisaa fi kooluu (protection) barbaachisu akka godhuuf yaadachiisaa karaa itti rakkoon kun furamaata maayyii argatu irraatti akka faluuf ABOn yaadachiisa.

Injifananoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo

Ebla 7, 2014